# Salaatattiin kun lameen, munaafiqoota irratti irra ulfaataa salaatotaati, osoo waan isaan lameen keessa jiru beektanii jilbaan daa'imtanii ta'ullee silaa ni dhuftan ture

Ubayyi ibnu Ka'ab irraa akka odeeffametti -Rabbi isa irraa haa jaallatu- ni jedhe: Guyyaa tokko ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- salaata subhii nuun salaatanii ka'anii akkas jedhani: «Ebalu dhufeeraa?» sahaabonnis: lakki jedhani, ammas ergamaan ni jedhani: «Ebalu hoo dhufeeraa?» ammas sahaabonni lakki jedhani, eegasii isaan akkas jedhani: «Salaatattiin kun lameen, munaafiqoota irratti irra ulfaataa salaatotaati, osoo waan isaan lameen keessa jiru beektanii jilbaan daa'imtanii ta'ullee silaa ni dhuftan ture, saffiin jalqabaa akka saffii malaa'ikaati, osoo sadarkaa isaa beektanii itti ariifattu ture, salaanni namni tokko nama biroo woliin salaatu salaata qofaa isaa salaatu irra caalaadha, salaanni inni nama lamaa woliin salaatu salaata nama tokkoo woliin salaatu irra caalaadha, kan hedduummate isatu Rabbiin biratti irra jaallatamaadha».

[sirrii]

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- guyyaa tokko fajrii salaatanii, eegasii: ebaluun salaata keenya kana irratti argameeraa jedhanii gaafatani? sahaabonnis lakki jedhani. eegasii isaan ni jedhani: ebalu hoo dhufeeraa? nama biraa baananii, ammas sahaabonni lakki jedhani. eegasii nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akkas jedhani: salaanni fajriitii fi ishaa'iin munaafiqoota irratti irra ulfaataa salaataati; yeroo isaan lameeniitti taati'oon waan nama injifatuuf jecha, argisiifannaan isaan keessatti argamuunis xiqqaa waan ta'eef jecha, dhukkana keessatti namni isaan hin argu waan ta'eef. yaa mu'umintoota osoo mindaa dabalataa salaata fajriitii fi ishaa'ii keessa jiru bartanii -mindaan haga dadhabbiitiini waan ta'eef- silaa osoo harkaa fi jilbaan daa'imtanii dhufuu ta'ellee silaa ni dhuftu ture. saffiin jalqabaa imaamatti dhihaachuu keessatti akka saffiin malaa'ikaati Rabbii ol ta'etti dhihaachuu keessatti, mu'umintoonni osoo sadarkaa saffii jalqabaa beekanii silaa irratti wol dorgomu ture, salaanni namni tokko nama biroo woliin salaatu salaata qofaa isaa salaatu irra mindaa fi bu'aan guddaadha, akkasuma salaanni nama lamaa woliin salaatamu kan nama tokkoo woliin salaatamu irra caala, salaanni namni salaatu irratti heddummaatu isiitu Rabbiin biratti irra jaallatamtuu fi irra caaltuudha.

النجاة الخيرية
ALNAJAT CHARITY

لجنة الدعوة الإلكترونية
EDC
E-Da'wah Committee